STAY SAFE MN

Talaallii Pfizer COVID-19 Namoota Umurii 18 Gadiitiif

11/3/2021

Yeroo ammaa kanatti, talaalliin Pfizer COVID-19 talaallii COVID-19 isa tokkicha itti-fayyadama namoota umuriin isaanii waggaa 5 fi isaa oliitiif qoratamee hayyamamedha. Ragaan qorannoowwan talaallii Pfizer talaallichi namoota umuriin isaanii hanga 5 ta'eef miidhaa-maleessaa fi bu'a-qabeessa ta'uu isaa agarsiisu. Oomishtoonni talaallii biroonis namoota umuriin isaanii xiqqoo ta'e irratti talaalliiwwan isaanii qorachaa jiru, garuu Bulchiinsa Nyaataa fi Daawaa U.S. irraa hanga ammaatti hayyama hin arganne.

Talaalliidhaaf hayyama maatii ykn guddistuu barbaachisa.

Daa'imman umuriin isaanii 5-17 talaallii COVID-19 f, haalota tokko tokko keessatti irraa kan hafe, hayyama maatii ykn guddistuu isaan barbaachisa. Seerota Minesootaa, kutaalee 144.341 hanga 144.347 ilaalaa. Maatiin ykn guddistuun waa'ee talaallii COVID-19 akka baranii fi daa'imni isaanii talaallii akka fudhatuuf hayyama dhiyeessuuf daa'ima isaanii waliin beellama talaallii akka isaan dhaqaniif isaan jajjabeessina.

Maatiin/guddistuun daa'imni isaanii akka talaallii fudhatuuf waliin dhaquu hin danda'an yoo ta'e, waa'ee adeemsa hayyama isaanii fi waraqaa dhugaa waa'ee Itti-fayyadama Yeroo Atattamaa (EUA) dhiyeessicha gaafadhaa. Waraqaa Dhugaa EUA Pfizer-BioNTech Talaallii COVID-19 kan Dhukkubsattootaa fi Kunuunsa kennitoota umurii 12 fi isaa olii (www.fda.gov/media/153716/download) ykn Waraqaa Dhugaa EUA Pfizer-BioNTech Talaallii COVID-19 kan Dhukkubsattootaa fi Kunuunsa kennitoota umurii 5-11 (www.fda.gov/media/153717/download). Kun akka Ibsawwan Odeeffannoo Talaallii talaalliiwwan baratamoo biroo dura kennamuuti. Gaaffileen keessan deebii argachuu isaanii mirkaneeffadhaa. Bakkeewwan talaallii hawaasaa maallaqa mootummaa naannootiin dhaabbataniif, daa'imman umurii 15 fi isaa oliitiif maatiin ykn guddistuun biratti argamuu qabu.

Beellamawwan talaallii Pfizer COVID-19 barbaadaa jirtuu?

Talaalliin COVID-19 hundaaf bilisaan kennama. Dhiyeessitoota talaallii COVID-19 barbaaduuf kaartaa Talaallii COVID-19 Daa'immanii fi Saafelootaaf (mn.gov/vaxforkids) irraa fayyadamuu ni dandeessu. Osoo hin deemin dura, bakki talaallichaa talaallii Pfizer kan umurii daa'ima keessanii waliin wal simu dhiyeessuu isaa adda baafadhaa. Talaalliin daa'imman umuriin isaanii 5 hanga 11 talaallii Pfizer kan namoota umurii 12 fi isaa olii caalaa dooziin isaa xiqqoo kan ta'edha. Talaallii dooziiwwan addumaan daa'imman umuriin isaanii 5 hanga 11 ta'eef qophaa'e dhiyeessitoota talaallii Pfizer hundatu dhiyeessii isaa qaba miti.

Beellamawwan COVID-19 Vaccines.gov irrattii fi karaa kutaalee fayyaa hawaasaa naannoo Minnesota: Kilinika Talaallii Barbaadaa (prepmod.health.state.mn.us/clinic/search)irratti argachuu ni dandeessu. Lachuun isaanii waan isin barbaachisu barbaaduuf oomisha talaalliitiin secca'uu isin dandeessisu.

MINNESOTA

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Bifa biraan gaafachuuf health.communications@state.mn.us qunnamaa. (Oromo)